



**WAAJJIRA AFYAA' IIFI CAFFEE
OROMIYAATIIN KAN QOPHAA'E**

Waggaa 15th Lak. 10/1999
፲፭ኛ ዓመት ቁጥር ፲/፲፱፻፺፱
15th year No. 10/2007

Finfinnee, Adoolessa 21 bara 1999
ፊንፊንዢ፣ ሐምሌ ፳፩ ቀን ፲፱፻፺፱ ዓ.ም
Finfinne, 24 July 2007

MAGALATA OROMIYAA

መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ

MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokko
ያንዱ ዋጋ
Unit Price

To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo
Oromiyaatiin Kan Bahe
በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት
በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ

Lakk. S. Poostaa 21383-1000
የፖ.ሣ.ቁጥር
P.O. Box

QABIYYEE

Labsii Lak. 128/1999

Labsii Manneetii Murtii Hawaasummaa Gandaa Irra
Deebi'anii Dhaabuufi Aangoosaanii Murteessuuf Bahe
Lak. 66/1995 Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Labsii
Bahe Page

Labsii Lak. 128 /1999

Labsii Manneetii Murtii Hawaasummaa
Gandaa Irra Deebi'anii Dhaabuufi Aangoo
Isaanii Murteessuuf Bahe Lak. 66/1995
Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Labsii Bahe

Labsii Manneetii Murtii Hawaasummaa
Gandaa Irra Deebiidhaan Hundeessuuf Bahe
Lak. 66/1995 hojiirra oolchuurratti
rakkoowwan qunnaman sirreessuun
barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Sirna hejimaata, filannoo, muudamaafi itti
gaafatamummaa abbootii seeraa Mana
Murtii Hawaasummaa Gandaa ifatti tumuun
barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Fooyya'aa Mootummaa
Naannoo Oromiyaa Lak. 46/1994
Keewwata 49(3) (a) tiin kan kanatti aanu
labsameera.

KUTAATOKKO

Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun "Labsii Manneetii Murtii
Hawaasummaa Gandaa Irra Deebi'anii
Dhaabuufi Aangoosaanii Murteessuuf
Bahe Lak. 66/1995 Irra Deebiidhaan
Fooyyessuuf Labsii Bahe Lak.128/1999,"
jedhamee waamamuu ni danda'a.

ማውጫ

አዋጅ ቁጥር ፳፻፳፭/፲፱፻፺፱

የቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤትን እንደገና ለማቋቋምና
ሥልጣናቸውን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር ፳፮/
፲፱፻፺፭ን እንደገና ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ገጽ ፩

አዋጅ ቁጥር ፳፻፳፭/፲፱፻፺፱

የቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤትን እንደገና
ለማቋቋምና ሥልጣናቸውን ለመወሰን
የወጣ አዋጅ ቁጥር ፳፮/፲፱፻፺፭ን
እንደገና ለማሻሻል የወጣ አዋጅ

የቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤትን እንደገና ለማቋቋም
የወጣ አዋጅ ቁጥር ፳፮/፲፱፻፺፭ን ሥራ ላይ
በማዋል ሂደት ላይ ያጋጠሙትን ችግሮች
ማስተካከል አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

የቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤት የአሠራር ሥርዓት፣
የዳኞች ምርጫ፣ ሹመትና የተጠያቂነት
ሥርዓት በግልፅ መደንገግ አስፈላጊ ሆኖ
በመገኘቱ፤

በተሻሻለው ኦሮሚያ ሕገ መንግሥት ቁጥር
፱፮/፲፱፻፺፱ አንቀጽ ፱፱(፫)ሀ መሠረት
የሚከተለው ታውጧል፡፡

ከፍል አንድ

ጠቅላላ ድንጋጌ

፩. አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ "የቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤትን
እንደገና ለማቋቋም እና ሥልጣናቸውን
ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር ፳፮/
፲፱፻፺፭ እንደገና ለማሻሻል የወጣ አዋጅ
ቁጥር ፳፻፳፭/፲፱፻፺፱" ተብሎ ሊጠራ
ይችላል፡፡

CONTENT

Proclamation No. 128 /2007

A proclamation to revise the proclamation for
Re-establishment and determination of the powers
of the Social Court No.66/ 2003 Page 1

Proclamation No.128 /2007

A Proclamation to Revise
Proclamation for Re-establishment
and Determination of the Powers of
the Social Court No. 66/2003

WHERE AS, it has become necessary to
correct problems encountered on
implementation of the Proclamation to
Provide for Re-establishment and
Determination of the Powers of Social
Court No. 66/2003.

WHERE AS, it is necessary to provide
clear provisions regarding work
procedures, selection, appointment and
accountability of judges of Social Courts.

NOW THEREFORE, in accordance with
Article 49(3)A of the 2001 Revised
Constitution of the Regional State of
Oromia, it is hereby proclaimed as follows.

PART ONE

General Provisions

1. Short Title

This proclamation may cited as
"Proclamation No. 128/2007, A
Proclamation to Revise Proclamation
No.66/2003, for Re-establishment and
Determination the Powers of Social
Courts.

2. Hiika

Akkaataa seensi jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee; Labsii kana keessatti:-

- 1) "Abbaa Seeraa," jechuun Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa keessatti Abbaa Seerummaatiin tajaajiluudhaaf akkaataa Labsii kanaatiin nama filatamee muudame jechuudha.
- 2) "Ganda," jechuun akkaataa Heera Fooyya'aa bara 1994 Mootummaa Naannichaatin tumamee jirutti caasaa Mootummaa isa dhumaa kan garjallaa jiru jechuudha.
- 3) "Mana Marii Gandaa," jechuun Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa bara 1994 Fooyya'ee Bahe keessatti haala ibsameen miseensonni isaa jiraattota uummata gandaatiin kallattiidhaan kan filataman ganda keessatti qaama aangoo olaanaa qabuudha.
- 4) "Mana Marii Bulchiinsa Gandaa," jechuun Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Bara 1994 Fooyya'ee Bahe keessatti haala ibsameen qaama raawwachiiftuu olaanaa gandaati.
- 5) "Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa," jechuun Mana Murtii Hawaasummaa sadarkaa gandaatti Labsii kanaan hundeeffame jechuudha.

3. Ibsa Saalaa

Labsii kana keessatti saala dhiiraatiin kan ibsame saala dubartiis ni dabalata.

4. Hundeeffama

Gandoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa hunda keessatti Manneen Murtii Hawaasummaa Gandaa Labsii kanaan irra deebiidhaan hundeeffamaniiru.

5. Itti Waamama

Itti waamamni Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa, Mana Marii Gandaatiif ta'a.

6. Kaayyoo

Manneen Murtii Hawaasummaa Gandaa kaayyoowwan armaan gadii ni qabaatu;

- 1) Jiraattota gandaa jidduutti nagaafi tasgabbii mirkaneessuudhaan misoomaaf haala mijaa'aa uumuu;
- 2) Jiraattonni gandaa hubannoo seeraaf qaban akka cimu gochuu;
- 3) Jiraattonni gandaa dhiyeenyaan tajaajila haqaa akka argatan taasisuu.

፪. ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያስጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ:-

- ሐ) "ዳኛ" ማለት በቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤት ውስጥ በዳኝነት እንዲያገለግል በዚህ አዋጅ መሠረት የተመረጠና የተሾመ ሰው ማለት ነው።
- ከ) "ቀበሌ" ማለት በ፲፱፻፺፱ በተሻሻለው የክልሉ ሕገ መንግሥት በተደነገገው መሠረት የታችኛው የመንግሥት መዋቅር ማለት ነው።
- ለ) "የቀበሌ ምክር ቤት" ማለት በ፲፱፻፺፱ ዓ.ም. ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ሕገ-መንግሥት ውስጥ በተጠቀሰው መሠረት አባላቱ በቀበሌው ነዋሪ በቀጥታ የተመረጡ በቀበሌው ውስጥ ከፍተኛ ሥልጣን ያለው አካል ነው።
- መ) "የቀበሌ መስተዳድር ምክር ቤት" ማለት በ፲፱፻፺፱ ዓ.ም. ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ክልላዊ ሕገ-መንግሥት ውስጥ በተጠቀሰው መሠረት በቀበሌው ከፍተኛ አስፈፃሚ አካል ነው።
- ሸ) "የቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤት" ማለት በቀበሌ ደረጃ በዚህ አዋጅ የተቋቋመ ማኅበራዊ ፍ/ቤት ማለት ነው።

፫. የጾታ አገላለፅ

በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ጾታ የተገለፀው የሴትንም ጾታ የሚመለከት ይሆናል።

፬. መቋቋም

በኦሮሚያ ክልል ውስጥ ባሉት ቀበሌዎች ሁሉ የቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤቶች በዚህ አዋጅ እንደገና ተቋቋመዋል።

፭. ተጠሪነት

የቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤት ተጠሪነት ለቀበሌው ምክር ቤት ይሆናል።

፮. ዓላማ

የቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤት የሚከተሉት ዓላማዎች ይኖሩታል።

- ሐ) በቀበሌ ነዋሪዎች መካከል ሠላምና መረጋጋትን በማረጋገጥ ለልማት ምቹ ሁኔታን መፍጠር፤
- ከ) የቀበሌው ነዋሪዎች ያላቸው የሕግ ግንዛቤ እንዲጉለበት ጥረት ማድረግ፤
- ለ) የቀበሌው ነዋሪዎች በቅርበት የፍትህ አገልግሎትን እንዲያገኙ ለማድረግ፤

2. Definitions

Unless the context requires otherwise in this proclamation:

- 1) "Judge" means a person who is elected and assigned as judge of social court in accordance with this proclamation.
- 2) "Kebele" means the the lowest structure of government as provided by yhe 2001 Revised Constitution of the Regional State.
- 3) "Kebele Council" means the highest organ of the Kebele as defined in the 2001 Revised Constitution of the Oromia. Regional State whose members are elected directly by the residents of the Kebele.
- 4) "Kebele Administration council" means the highest executive organ of the kebele as defined in the 2001 Revised Constitution of the Regional State of Oromia.
- 5) "Social Court of Kebele" means the Social Court established at the Kebele level by this proclamation.

3. Gender

Provisions of this proclamation set out in the masculine gender shall also apply to the feminine gender.

4. Establishment

Social Courts are hereby reestablished by this Proclamation in all Kebeles of the National Regional State of Oromia .

5. Accountability

The Social Court of the Kebele shall be accountable to the Kebele Council.

6. Objectives

The Social Courts of the Kebele shall have the following objectives.

- 1) Ensuring peace and stability among the Kebele community, and thereby creat conducive atmosphere for development.
- 2) To create a suitable condition to strengthen the legal awareness of the Kebele community.
- 3) To make justice justice service accessible to the residents of the Kebele.

KUTAALAMA
Waa'ee Abbootii Seeraa Mana Murtii
Hawaasummaa Gandaa

7. Bilisummaa Abbaa Seerummaa

- 1) Abbootiin Seeraa Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa hojii abbaa seerummaa isaanii bilisummaa guutuudhaan raawwatu.
- 2) Abbootiin Seeraa Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa murtii bu'uura sirna jaarsummaa aadaa ykn seeratti fayyadamanii murteessuu danda'u.

8. Haala, Iddoofi Yeroo Dhaddachi Itti Gaggeeffamu

- 1) Manni Murtii Hawaasummaa Gandaa dhaddacha uummataaf ifa ta'etti hojii dhaddachaa ni adeemsisa; ta'us jireenya dhuunfaa falmitootaa, haamilee uummatichaafi nageenya biyyattii ykn naannoodhaa eeguudhaaf jecha qofa falmichi dhaddacha cufaa ta'een dhaga'amu ni danda'a.
- 2) Manneen Murtii Hawaasummaa Gandaa hojiisaani kan gaggeessan:
 - (a) Iddoo Manni Maree Bulchiinsa Gandaa hojiisaa itti gaggeessutti ta'a.
 - (b) Yeroon hojii idilee torban keessaa guyyaa hojii Mana Marii Bulchiinsa Gandaa ta'a.

9. Filannoo Abbootii Seeraafi Ulaagaasaa

- 1) Kaadhimamtoota Abbootiin Seeraa Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa dura taa'aa gandaatiin filatamanii walga'ii uummata jiraattota gandaatiin yaanni erga itti kennameen booda Mana Maree Gandaatiin ni muudamu;
- 2) Abbootii seeraa muudaman keessaa tokko dubartii ta'uu qabdi.
- 3) Uummannis kaadhimamtoota dura taa'aadhaan dhiyaataniif naamusa gaarii, kaka'umsa hojii, itti gaafatamummaa kennameef ba'uu kan danda'an ta'usaaniifi kkf. irratti mari'atee yaadasaa ni kenna.
- 4) Kaadhimamtoonni dhiyaatan uummataan kan hin fudhatamine yoo ta'e namoonni biraa filatamanii dhiyaachuu qabu.
- 5) Kaadhimamtoonni Abbootii Seeraa dura taa'aa gandaatiin dhiyaatanii walga'ii Mana Marii Gandaatiin sagalee caalmaa (50 + 1) yoo argatan ni muudamu.

ክፍል ሁለት
ስለ ቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤት ዳኞች

፩. የዳኝነት ነፃነት

- ፩) የቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤት ዳኞች የዳኝነት ሥራቸውን በሙሉ ነፃነት ያከናውናሉ፡፡
- ፪) የቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤት ዳኞች በባህላዊ ሽምግልና ወይንም በሕግ መሠረት ሊወሰኑ ይችላሉ፡፡

፪. የችሎት አካሄድ፣ ማስቻያ ሥፍራና ጊዜ

- ፩) የቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤቶች ለሕዝብ ግልፅ በሆነ ችሎት ያስችላሉ፤ ሆኖም የተከራካሪዎችን የግል ኑሮ የሕዝብን ሞራል እና የሀገሪቱን ወይም የክልሉን ሠላም ለመጠበቅ ሊባል ብቻ ክርክሩ በዝግ ችሎት ሊሰማ ይችላል፡፡
- ፪) የቀበሌ ማኅበራዊ ፍርድ ቤቶች ሥራቸውን የሚያከናውኑት፡-
 - (ሀ) የቀበሌው መስተዳድር ምክር ቤት ሥራውን በሚያከናውንበት ቦታ ይሆናል፡፡
 - (ለ) መደበኛው የሥራ ቀን የመስተዳድር ምክር ቤት የሳምንቱ መደበኛ የሥራ ቀን ይሆናል፡፡

፬. የዳኞች አመራረጥና መስፈርቱ

- ፩) የቀበሌ ፍ/ቤት ዕጩ ዳኞች በቀበሌው ሊቀመንበር ተመርጠው በቀበሌው ነዋሪ ሕዝብ ስብሰባ ላይ ቀርበው አስተያየት ከተሰጠ በኋላ በቀበሌው ምክር ቤት ይሾማሉ፡፡
- ፪) ከሚሾሙት ዳኞች መካከል አንዷ ሴት መሆን አለባት፡፡
- ፫) ሕዝቡም በሊቀመንበር የቀረቡትን ዕጩ ዳኞች ጥሩ ሥነ-ምግባር፣ የሥራ ተነሳሽነት፣ የተሰጣቸውን ኃላፊነት መወጣት የሚችሉ መሆናቸውንና በመሳሰሉት ላይ መክሮ አስተያየት ይሰጣል፡፡
- ፬) የቀረቡት ዕጩ ዳኞች በነዋሪው ሕዝብ ተቀባይነት ያላገኙ ከሆነ ሌሎች ሰዎች ተመርጠው መቅረብ አለባቸው፡፡
- ፭) እጩ ዳኞች በቀበሌው ሊቀመንበር አቅራቢነት በቀበሌው ምክር ቤት አብላጫ ድምፅ (፶+፩) ካገኙ ይሾማሉ፡፡

PART TWO

Judges of Kebele Social Courts

7. Judiciary Independence

- 1) Judges of the Social Courts shall exercise their judicial power in full independence.
- 2) Judges of the Social Courts can decide cases in accordance with customary arbitration or laws.

8. Condition, Place and Time of Social Court Proceeding

- 1) The Social Courts shall hold their hearings in open courts. However, they may hold hearing in camera only if it is in the interest of the privacy of the parties, of public morality, of safeguarding peace and security of the region.
- 2) The Social Courts of the Kebele shall conduct hearing.
 - (a) In a place where the Kebele Administration Council works and,
 - (b) The working time of Social Court shall be the regular weekly working time of the Kebele Administration Council.

9. Selection of Judges and Its Criteria

- 1) The candidate judges shall be appointed by Kebele Council after being selected and presented on a meeting of the residents by the chairman of the Kebele and commented upon.
- 2) Among the appointed judges one shall be a women.
- 3) People may comment on the candidates presented by the chairman based on their good conduct, diligence, ability to discharge the responsibility entrusted to them, and etc.
- 4) Where the candidate judges proposed are rejected by the residents other persons shall be selected and put forward.
- 5) Candidate judges presented by the chairman of Kebele shall be appointed by 50 + 1 majority vote of the council.

- 6) Barri hojiisaanii bara hojii Mana Marii Gandaa wajjin tokko ta'a. Abbaan seeraa tokko bara hojii biraatiif deebi'ee filatamuu ni danda'a.
- 7) Namni Abbaa Seeraa ta'ee kaadhimamu:
- Jiraattota gandaa keessaa miseensa Mana Maree Bulchiinsa Gandaa miseensa Mana Marii Gandaa sagalee qaban kan hin taane,
 - Umuriinsaa waggaa soddomaa ol kan ta'e,
 - Fakkeenya gaarii, tattaaffiifi kaka'umsa hojii, kabajaafi amantaa uummataa kan qabu.

10. Baay'ina Abbootii Seeraa

- Manni Murtii Hawaasummaa Gandaa tokko abbootii seeraa sadii (3) ni qabaata.
- Dhaddachi Abbootii Seeraa sadiin(3) ni gaggeeffama.
- Manni Marichaa Abbootii Seeraa yeroo filu abbaa seeraa walitti qabaa, kan mirgaafi kan bitaa yeroo muudaman battalumatti adda baasee murteessuu qaba.

11. Sababootaafi Balleessawwan Naamusaa Abbootii Seeraa Hojiirraa Gaggeessisan

Abbaan seeraa mana murtii hawaasummaa gandaa hojiirraa kan gaggeeffamu:-

- Barri hojiisaa yeroo xumuramu,
- Gandicha gadidhiisee yoo deeme,
- Mana Marii Bulchiinsa Gandaa keessatti miseensa ta'ee yoo filatame,
- Mana Marii Gandaa keessatti miseensa sagalee qabu ta'ee yoo filatame,
- Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumameen barri hojiisaa dhumuu baatus hojiisaa irratti dadhabinaafi hir'ina naamusa kanaa gaditti ibsaman kan agarsiisee yoo ta'e:
 - Iddoo dhaddacha seeraan murtaa'ee alatti dhaddacha kan gaggeesse yoo ta'e,
 - Guyyaafi yeroo dhaddachi itti gaggeeffamu ifatti osoo hin ibsin yoo hafe,
 - Ragaa bitaafi mirgaa garee wal falmitootaa osoo hin dhaga'iin murtii kan kenne yoo ta'e,
 - Firummaa ykn loogummaa ykn mattaa'aadhaan kan hojjate yoo ta'e,

፩) የሥራ ዘመናቸው ከቀበሌው ምክር ቤት የሥራ ዘመን ጋር አንድ ይሆናል። አንድ ዳኛ ለሌላ የሥራ ዘመን ተመልሶ ሊመረጥ ይችላል።

፪) ዳኛ ሆኖ የሚታጨው ሰው፡-

(ሀ) ከቀበሌው ነዋሪዎች መካከል የቀበሌ መስተዳድር ምክር ቤትና የቀበሌው ምክር ቤት ድምፅ ያለው አባል ያልሆነ፤

(ለ) ዕድሜው ከሠላሣ ዓመት በላይ የሆነ፤

(ሐ) ጥሩ ምሳሌ፣ የሥራ ፍላጎትና ተነሳሽነት፣ የሕዝብ አመኔታና ታማኝነት ያለው መሆን አለበት።

፲. የዳኞች ብዛት

፩) አንድ የቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤት ሶስት ዳኞች ይኖሩታል

፪) ችሎቱ በሶስት ዳኞች ይካሄዳል።

፫) ምክር ቤቱ ዳኞቹን መርጦ በሚሾምበት ጊዜ ሰብሳቢ ዳኛ፣ የቀኝና የግራ ዳኛ ለይቶ ወዲያውኑ መወሰን አለበት።

፲፩. ዳኞችን ከሥራ የሚያሰናብቱ

ምክንያቶችና የዲሲፒሊን ጥፋቶች የቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤት ዳኛ ከሥራ የሚሰናበተው፡-

፩) የሥራው ዘመን ሲጠናቀቅ፤

፪) ቀበሌውን ለቆ ካሄደ፤

፫) በቀበሌው መስተዳድር ምክር ቤት ውስጥ አባል ሆኖ ከተመረጠ፤

፬) በቀበሌው ምክር ቤት ውስጥ ድምፅ ያለው አባል ሆኖ ከተመረጠ፤

፭) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ ሥር በተደነገገው መሠረት የሥራ ዘመኑ ባይጠናቀቅም ከዚህ በታች የተዘረዘሩትን ድክመቶችና የሥነ-ምግባር ግድፈት ካላየ፤

(ሀ) በሕግ ከተወሰነ የችሎት ሥፍራ ውጪ ችሎት ካላሄደ፤

(ለ) ችሎቱ የሚካሄድበት ቀንና ጊዜ በግልፅ ሳያሳውቅ ከቀረ፤

(ሐ) የሁለቱን ተከራካሪ ወገኖች ምስክር ሳይሰማ ውሳኔ የሰጠ እንደሆነ፤

(መ) በዝምድናና በአድሎ ወይም በመስና የሠራ እንደሆነ፤

6) Their office tenure shall be the same as that of the Kebele Council. However, a judge may be re-elected for another term.

7) A judge presented as a candidate:

(a) Shall be a resident of Kebele, having no voting sound in the Kebele's Administrative Council and Kebele Council.

(b) His age shall be more than 30 years old.

(c) Shall be a good example, diligent, honest and have the confidence of the public.

10. Number of Judges

- Each social court shall have three judges.
- The bench shall be run by three judges.
- The presiding judge, the right and the left judges shall be determined immediately at the time of appointment.

11. Causes and Disciplinary Fault for Removal of Judges

Judges of the social courts can be removed on the following grounds.

- When the office term expired.
- In case he left the Kebele.
- In case he is elected as a member of the Kebele Administrative Council.
- If elected as a voting member of the Kebele Council.
- Notwithstanding to the provision of Sub-Article 1 of this Article, he may be removed before his office term expire if he is proved incompetent and is engaged in the following disciplinary faults.
 - If he proceeds hearing out of the place determined by laws.
 - If he failed to notify hearing date and time.
 - If he decided with out hearing both side witnesses.
 - If he decided the case by nepotism, favoritism or bribe.

- (e) Garagalcha murtii abbaa dhimmaatiif kennuu diduudhaan kan dhamaase yoo ta'e,
- (f) Gochoota mirga ol'iyannoo abbaa dhimmaa daangeessan raawwachuu ykn raawwachuudhaaf yaaluu,
- (g) Sababoota Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 (a - f) tti tumamaniin abbaan seeraa hojiirraa kan gaggeeffame yoo ta'e akkaataa Labsii kana Keewwata 9 tiin filannoon biraa gaggeeffamee abbaan seeraa ni mudama.

12. Akkaataa Abbaan Seeraa Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa Hojiirraa Itti Gaggeeffamu

- 1) Abbaan dhimmaa abbaa seeraarratti komii qabu balleessaawwan naamusaa Labsii kana Keewwata 11 Keewwata Xiqqaa 5 (a-f) jalatti tumaman raawwachuu isaa ibsuudhaan ragaa qabatamaa wajjin Afyaa'ii Mana Marii Gandaatti komiisaa barreeffamaan dhiyeeffachuu qaba.
- 2) Afyaa'ii Mana Marii Gandaa komii dhiyaate qulqulleese walga'ii Mana Marii Gandaatiif dhiyeessuu qaba.
- 3) Manni Marii Gandaa komii dhiyaateef ragaa wajjin xiinxalee murtii barbaachisaa ta'e ni murteessa.
- 4) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3tiin Manni Marii hanga murtii kennuutti Afyaa'iin Mana Marii Gandichaa abbaa seeraa komiin irratti dhiyaate barbaachisaa ta'ee yoo arge hojiirraa dhoorkee hanga yaa'ii itti aanutti tursiisuu ni danda'a.

13. Dhaddacharraa Ka'uu

Abbaan seeraa tokko kaka'umsa mataasaatiin ykn iyyannoon falmitoota keessaa garee tokkoon yoo irratti dhiyaate sababoota kanaa gadiitti ibsamaniin dhaddacharraa ka'uu ni danda'a.

- 1) Dhimma ofii himate ykn itti himatame ykn wal falmitootaan akka ragaatti kan lakkaa'ame yoo ta'e, falmitoota wajjin lola ykn firooma dhiyoo yoo qabaateefi dhimmicharratti murtii haqaa kennuuf sababa isa rakkisuu danda'u yoo qabaate, ykn sababni biraa murtii haqaa kennuuf isa rakkisu yoo jiraate,

- (ሠ) የፍርድን ግልባጭ ለባለ ጉዳይ ባለመስጠት ያንገላታ እንደሆነ፤
- (ረ) የባለጉዳዩን የይግባኝ መብት የሚገድቡ ድርጊቶችን የፈፀመ ወይም ለመፈፀም የሞከረ ከሆነ፤
- (ሰ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፭ ከ(ሀ - ረ) በተደነገጉት ምክንያቶች ዳኛው ከሥራ የተሰናበተ ከሆነ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፱ መሠረት ሌላ ምርጫ ተካሂዶ ሌላ ዳኛ ይሾማል፡፡

፲፪. የቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤት ዳኛ ከሥራ የሚሰናበትበት ሥነ-ሥርዓት

- ፩) በዳኛ ላይ ቅሬታ ያለው ባለ ጉዳይ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፲፩ ንዑስ አንቀጽ ፭ /ሀ - ረ/ ስር የተደነገጉትን የሥነ-ምግባር ግድፈቶች መፈፀሙን ከተጨባጭ ማስረጃዎች ጋር በጽሑፍ ለቀበሌው ምክር ቤት አፈ ጉባኤ ማቅረብ አለበት፡፡
- ፪) የቀበሌው ምክር ቤት አፈ-ጉባኤ የቀረበለትን ቅሬታ አጣርቶ ለቀበሌ ምክር ቤት ስብሰባ ማቅረብ አለበት፡፡
- ፫) የቀበሌው ምክር ቤት የቀረበለትን ቅሬታ ከማስረጃ ጋር በማመዛዘን አስፈላጊውን ውሳኔ ይሰጣል፡፡
- ፬) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ሶስት /፫/ መሠረት ምክር ቤቱ ውሳኔ እስከሚሰጥ ድረስ የቀበሌው ምክር ቤት አፈ-ጉባኤ አስፈላጊ ሆኖ ካገኘው ቅሬታ የቀረበበትን ዳኛ ከሥራ አግዶ እስከሚቀጥለው የምክር ቤት ስብሰባ ሊያቆየው ይችላል፡፡

፲፫. ከችሎት ስለመነሳት

አንድ ዳኛ በራሱ ተነሳሽነት ወይም ከተከራካሪ ወገኖች መካከል በአንዱ አቤቱታ የቀረበለት እንደሆነ በሚከተሉት ምክንያቶች ከችሎት ሊነሳ ይችላል፡፡

- ፩) ራሱ ከላሽ ወይም ተከላሽ በሆነበት ጉዳይ ወይም ምስክርነት በተቆጠረበት ጉዳይ ከሆነ፤ ከተከራካሪ ወገኖች ጋር ፀብ ወይም የቅርብ ዝምድና ያለው ከሆነና በጉዳዩ ላይ ትክክለኛ ፍትህ ለመስጠት የሚያስቸግረው ምክንያት ሊኖረው፤

- (e) If he caused an inconvenience to the party by refusing to give copy of judgment.
- (f) If he performs or try to perform activities which may limit the right to appeal of the party.
- (g) If the judge is removed based on causes specified under Sub-Article 5(a-f), of this Article, another judge shall be appointed in accordance with Article 9 of this proclamation.

12. Procedure to be Followed for Removal of Social Court Judges

- 1) A party having a complaint against a judge shall submit it in written as per Sub-Article 5(a-f) of Article 11 of this Proclamation with the support of concrete evidence of disciplinary faults to the Speaker of Kebele Council.
- 2) The Speaker of the Kebele Council after making an enquiry shall submit complaints he received to the session of the Kebele Council.
- 3) The Kebele Council shall give the necessary decision on the complaint submitted after compairing it by against the evidence.
- 4) The Speaker of the Council may suspend the judge upon whom the complaint is sumitted from his work until the Council decides in accordance with Sub-Article 3 of this Article.

13. Withdrawal of the Judges

A judge may withdraw from hearing a case up on his own initiation or by the petition of either of the parties on the following ground.

- 1) If the case is related to the matter for which the judge sued or was sued, or called as a witness, or if he has a dispute or is a close relative to either one of the parties and have a reason that may not hinder him from giving the right decision;

- 2) Dhimmicha jaarsummaadhaan dursee kan ilaale yoo ta'e,
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame firooma dhiyoo jechuun abbaa seerichaatiif namoota abbaa, haadha, akkoo, akaakayyuu, ijoollee, obbolaa, eessuma, adaadaa, haadha warraa, abbaa warraa, soddaa, ijoollee firoota armaan olitti tarreeffamaniifi KKF kan ta'an jechuudha.
- 4) Abbaan seeraa tokko dhaddacharraa akka ka'u iyyanni yeroo dhiyaate abbootii seeraa hafaniin murtiin iyyannicharratti ni kennama.
- 5) Murtiin iyyannaa kanarratti kennamu ol' iyyannaa hin qabu.
- 6) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-4 jirutti abbaan seeraa tokko dhaddacharraa yoo ka'e dhimma kanaaf qofa abbootiin seeraa hafan akka hojjetan ni taasifama.

KUTAA SADII

Aangoo Hariiroo Hawaasaa Manneen Murtii Hawaasummaa Gandaa

14. Aangoo Abbaa Seerummaa

Manni Murtii Hawaasummaa Gandaa tokko dhimma dhiyaatef ilaalee murteessuu kan danda'u:

- 1) Himatamaan jiraataa ganda sanaa yoo ta'e; ykn
- 2) Qabeenyi hin sochoone falmichaaf sababa ta'e ganda san keessatti kan argamu yoo ta'e; ykn
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan ibsame qabeenyi hin sochoone daangaa gandoota lamaan ykn lamaa olii gidduutti kan argamu yoo ta'e dhimmicha ilaaluuf aangoo kan qabu Mana Murtii Hawaasummaa himannichi dursee dhiyaatef ta'a.

15. Hanga Qarshii Ilaalanii Murteessaniifi Ragaalee Adda Addaa Kennuu

- 1) Qabeenya tilmaamnisaa Qar. Kuma tokkoofi dhibba shan (1500) ol hin taane, ykn Qarshii Kuma tokko dhibba shan (1500) hin caallerratti falmii ka'u ilaalanii murteessuuf aangoo ni qabaatu.
- 2) Ragaalee hojii dhabiinsaa fi kkf. kennuu ni danda'u.

፪) ጉዳዩን አስቀድሞ በሽምግልና ያየው እንደሆነ፤

፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ ሥር የተደነገገው የቅርብ ዝምድና ማለት ለዳኛው አባት፣ እናት፣ ሴት ወይም ወንድ አያት፣ ልጆች፣ ወንድሞች፣ እህቶች፣ አጎት፣ አክስት፣ ሚስት ወይም ባል፣ አማት፣ ወይም አማች እና የእነዚህ የተዘረዘሩት ዘመዶች ልጆች የሆኑ ማለት ነው።

፬) አንድ ዳኛ ከችሎት እንዲነሳ አቤቱታ ሲቀርብ በቀሩት ዳኞች በአቤቱታው ላይ ውሳኔ ይሰጣል።

፭) በዚህ አቤቱታ ላይ የሚሰጥ ውሳኔ ይግባኝ አይጠየቅበትም።

፮) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩-፱ መሠረት አንድ ዳኛ ከችሎት ላይ ከተነሳ ለዚህ ጉዳይ ብቻ የተቀሩት ዳኞች እንዲሰሩ ይደረጋል።

ክፍል ሶስት

የቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤቶች

የፍትሐብሔ የዳኝነት ሥልጣን

፲፱. የዳኝነት ሥልጣን

አንድ የቀበሌ ማኅበራዊ ፍ/ቤት የቀረበለትን ጉዳይ አይቶ ለመወሰን የሚችለው፡-

- ፩) ተከላሽ የዚያ ቀበሌ ነዋሪ ከሆነ ወይም
- ፪) ለክርክሩ መነሻ የሆነ የማይንቀሳቀስ ንብረት በዚያው ቀበሌ ውስጥ የሚገኝ ከሆነ፤
- ፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፪ ሥር የተመለከተው የማይንቀሳቀስ ንብረት በሁለት ወይም ከዚያ በላይ ባሉ ቀበሌዎች አዋሳኝ መካከል የሚገኝ ከሆነ ጉዳዩን ለማየት ሥልጣን ያለው ጉዳዩ ቀድሞ የቀረበለት ማኅበራዊ ፍ/ቤት ይሆናል።

፲፭. አይተው መወሰን የሚችሉት የገንዘብ መጠንና የተለያዩ ማስረጃዎችን መስጠት

- ፩) ግምቱ ከ፩ሺ፩፻ ብር /አንድ ሺ አምስት መቶ ብር/ የማይሆን ንብረት ወይም ከ፩ሺ፩፻ ብር የማይበልጥ ገንዘብ ላይ የሚነሳውን ክርክር የማየት ሥልጣን አላቸው።
- ፪) የሥራ አጥነት ማስረጃና የመሳሰሉትን ሊሰጥ ይችላል።

2) If the judge has previously seen the case by way of arbitration;

3) For the purpose of Article 13(1) a close relative shall mean the father, mother, grand mother or grand father, children, brothers, sisters, uncle, aunt, spouse, mother or father-in-law of the judge and their children;

4) The remaining judges shall hear the application for withdrawal and give decision there on;

5) No appeal shall lie from the decision on the application for withdrawal of judges.

6) Where judge withdraws pursuant to Sub-Article 1-4 of this Article the remaining judges shall be made to continue and decide on this case only.

PART THREE

Civil Jurisdiction of Social Courts

14. Judicial Jurisdiction

The Social Courts shall have jurisdiction over a case if,

- 1) The defendant is a resident of the kebele where the court is situated; or,
- 2) The immovable property which is the subject matter of the dispute is found in that Kebele.
- 3) The immovable property referred to in Sub-Article 2 of this Article is situated on the border delineating two or more Kebele, the Social Court before which the case brought first shall have jurisdiction over the matter.

15. Amount of Money and Documents

- 1) Dispute relating to property the value of which does not exceed Birr, 1500 (One thousand five hundred) and money not exceeding 1500 Birr.
- 2) Issuing unemployment certificates and the like.

16. Dameefi Hidda Mukaa Lafa Ollaa Lixerratti Falmii Ka'u

- 1) Namni kamiyyuu dameewwan mukaa lafa ollaasaa irraa gara lafasaatti dagaage baatii tokko keessatti akka isarraa ciraamu manni murtii ajajuu ni danda'a.
- 2) Namni kamiyyuu hidda mukaa lafa ollaasaa irraa gara lafa ollaasaatti daangaa kan darbe yoo ta'e, ofuma isaatiin muruuf mirga ni qaba.

17. Falmii Dallaa ykn Mana Haaromsuurratti Ka'u

- 1) Dallaa tokko ykn mana tokko haaromsuuf lafa ollaa ofiirra deemuun ykn darbuun dirqama ta'ee yoo argame ollaan ofii kun lafasaarra akka deemamu ykn darbamu eeyyamuun dirqamasaa ta'a;
- 2) Haa ta'u malee, lafasaarra akka deemamu ykn darbamu eeyyamuun isaa miidhaa yoo isarraan gahe beenyaan akka kaffalamuuf abbootiin seeraa murteessuu ni danda'u. Beenyaan inni gaafatu qarshii 1000 (kuma tokko) ol yoo ta'e garuu, himanni dhiyaachuu kan danda'u Mana Murtii Aanaatti ta'a.

18. Qabeenya Bade Lafa Ormaa Keessa Seenanii Yemmuu Barbaadan Falmii Ka'u

- 1) Sababa kamiinuu qabeenya ofii tokko lafa ormaa keessa seenee yoo bade, ykn yoo dhokate abbaan qabeenyaa lafa ormaa kana keessa seenee barbaadatee akka fudhatu abbaan qabiyyee lafichaa eeyyamuun dirqamasaa ta'a.
- 2) Haa ta'u malee, lafasaa keessa akka seenamu eeyyamuun isaa miidhaa isarraan yoo gahe beenyaan kaffalamuufii qaba. Abbaan qabiyyee lafichaas hanga beenyaa argatutti qabeenya lafasaa keessatti argame sana qabachuu ykn hin kennu jechuuf mirga qaba. Beenyaan inni gaafatu qarshii 1500 (kuma tokkoofi dhibba shan) ol yoo ta'e garuu himanni dhiyaachuu kan danda'u Mana Murtii Aanaatti ta'a.
- 3) Abbaan qabiyyee lafichaa matuma isaatiin qabeenya bade (dhokate) sana barbaadee arguudhaan abbaa qabeenyichaaf yoo deebise garuu, namni biraa lafasaa keessa akka hin seenne dhoorkuu ni danda'a.

፲፮. ወደ ጉረቤት ዘልቀው በሚገቡ የዛፉ ቅርንጫፎችና ሥሮች ላይ የሚነሱ ክርክሮች

- ሐ) ማንኛውም ሰው መሬቱ ላይ ተዘርግተው የገቡትን የጉረቤቱን የዛፎች ቅርንጫፍ በአንድ ወር ጊዜ ውስጥ እንዲቆርጥለት ፍርድ ቤቱ ሊያዝ ይችላል።
- ከ) ማንኛውም ሰው ከጉረቤት መሬት ወሰን አልፈው ወደ ራሱ መሬት ያለፉትን የዛፍ ሥሮች ራሱ ለመቀረጥ መብት አለው።

፲፯. አጥር ወይም ቤትን ስለማደስ አስመልክቶ የሚነሱ ክርክሮች

- ሐ) አጥር ወይም ቤት ለማደስ በጉረቤት መሬት ማለፍ አስፈላጊ ሆኖ ከተገኘ ጉረቤቱ የሆነው ሰው በመሬቱ ላይ መተላለፉን መፍቀድ አለበት።
- ከ) ሆኖም ግን በመሬት ላይ መተላለፍን መፍቀዱ ጉዳት የሚያደርስበት ከሆነ ካሳ እንዲከፍለው ዳኞች ሊወስኑ ይችላሉ። የሚጠየቀው ካሳ ከ፩ሺ /ከአንድ ሺ ብር/ በላይ ከሆነ ክሱ ሊቀርብ የሚችለው ለወረዳው ፍርድ ቤት ነው።

፲፰. የጠፉ ንብረቶች ፍላጋ የሰው መሬት ውስጥ ገብተው ሲፈልጉ የሚነሱ ክርክሮች

- ሐ) በማንኛውም ምክንያት አንድ ንብረት ወደ ሶስተኛ ሰው መሬት ውስጥ ገብቶ ከጠፋ ወይም ከተሰወረ ባለንብረቱ መሬቱ ውስጥ ገብቶ እንዲፈልግና እንዲወስድ የመሬቱ ባለ ይዞታ የመፍቀድ ግዴታ አለበት።
- ከ) ሆኖም ወደ መሬት እንዲገባ መፍቀድ ጉዳት የሚያደርስበት ከሆነ ካሳ ሊከፍለው ይገባል። የመሬት ባለ ይዞታ ካሳውን እስኪከፍለው ድረስ ከመሬቱ ላይ የተገኘውን ንብረት የመያዝ ወይም አልሰጥም የማለት መብት አለው። የሚጠየቀው ካሳ ከከ፩ሺ፮፻ብር /ከአንድ ሺ አምስት መቶ ብር/ ብር በላይ ከሆነ ግን ክሱ ሊቀርብ የሚችለው ለወረዳ ፍርድ ቤት ነው።
- ለ) የመሬቱ ባለ ይዞታ የጠፋውን ወይም የተሰወረውን ንብረት ወዲያውኑ ራሱ ፈልጎ ለባለቤቱ የሰጠ እንደሆነ ሌላ ሰው በመሬቱ ላይ እንዳይገባ መከላከል ይችላል።

16. Branches and Roots

- 1) Any person whose land is encumbered by branches springing from the adjoining land may apply to the Social Court to order his neighbors to cut such branches with in one month.
- 2) Any person shall have a right to cut branches and roots passing from the adjoining land.

17. Repairing a Fence or a House

- 1) If it is necessary to pass over the neighbors land to repair a fence or house he shall be obliged to permit passing over his land.
- 2) But, if permitting his neighbor to pass over his land causes damage the judges shall decide a compensation to paid. However, when the claim for a compensation exceeds birr 1000 (one thousand Birr) It shall be brought before a District Court.

18. Lost Property

- 1) Where own property is lost or hidden for some reason in some one's land the land holder is obliged to permit the owner to enter, search and take.
- 2) Where permitting to enter causes damage compensation must be paid. And the land holder shall have a right to hold on to or not to give the lost property. However, when the claim for compensation is more than 1500 Birr, it shall be brought before district court.
- 3) The land holder may prohibit access where he himself immediately searched, found and returned the lost property to the interested.

19. Falmii Sarara Ujummoo Bishaanii, Elektirikaafi Mandalaarratti (Booyiirratti) Ka'u

- 1) Abbaan qabiyyee lafaa tokko miidhaa isarra gahu hundaaf wabii gahaa ta'e dursee erga qabateen booda sarara ujummoo bishaanii, mandala, sarara elektirikaafi kkf lafasaarra ykn keessa darbanii namoota biroof faayidaa akka kennan eeyyamuun dirqama isaati;
- 2) Diriirsuun sarara ujummoo bishaanii, mandalaafi elektirikaa hanga danda'ametti abbaa lafaa sanirratti haala miidhaa cimaa hin qaqqabsiifneen raawwatamuu qaba;
- 3) Abbaan qabiyyee lafaa sunis yeroo barbaade baasii mataasaatiin sarara ujummoo bishaanii, mandalliifi elektirikaa sun lafasaarraa bakka biraatti jijjiiramanii akka diriirfaman ykn ijaaraman gochuu ni danda'a. Abbootiin seeraallee kanuma isaaf ajajuu ni danda'u.

20. Falmii Mirga Daandii Irra Deeman Argachuurratti Ka'u

Namni daandiin itti cufame ykn daandii bahaafi galmaaf gahaa ta'e hin qabne tokko daandiin barbaachisaa ta'e akka banamuuf ykn daandiin biraa lafa nama biroo keessa akka isaaf bahu manni murtii ajaja kennuu ni danda'a. Haa ta'u malee, daandiin isaaf banamee kenname kun abbaa qabiyyee lafa san irratti miidhaa kan geessisu yoo ta'e manni murtii ajaja jedhame kana kennuu kan danda'u namichi daandii argate sun abbaa qabiyyee lafichaaf beenyaa gahaa ta'e dursee yammuu kaffalu ta'a.

21. Falmii Mirga Abbaa Qabeenyummaatti Akka Malee Fayyadamuurratti Ka'u

- 1) Abbaan qabeenyaa tokko mirga abbaa qabeenyummaa isaatti yammuu fayyadamu haala faayidaa namoota ollaasaa jiran hir'isuutti ykn miidhutti ta'uu hin qabu. Akka malee mirgasaatti yoo fayyadamees gocha akka malee kanarraa akka of qusatu abbootiin seeraa ajajuu ni danda'u.
- 2) Keessumaayyuu aarri, cileen, ajaan, ykn xuriin waliin jireenya aadaa ollummaatiin hin obsamne akka malee gara ollaatti akka yaa'u ykn jallatu gochuun dhoorkaadha. Kunis raawwatamee yoo argame akka dhaabbatu abbootiin seeraa ajajuu ni danda'u.

፲፱. ስለ መተላለፍያ ቦቶች፣ ቧንቧዎችና የኤሌክትሪክ መስመሮች የሚነሱ ክርክሮች

- ሀ) የመሬቱ ባለ ይዞታ ለሚደርስበት ጉዳት በሙሉ አስቀድሞ ዋስትና ካያዘ በራሱ መሬት ላይ ለሌሎች ሰዎች ጥቅም የሚሆኑ የውሃ ቧንቧዎች፣ የውሃ ቦቶችና የኤሌክትሪክ መስመሮችንና እነዚህን የመሳሰሉት ሌሎች ሥራዎች እንዲተላለፍ የመፍቀድ ግዴታ አለበት።
- ለ) የውሃ መተላለፊያ ቦቶች፣ ቧንቧዎችና የኤሌክትሪክ መስመሮች መዘርጋቱ ሥራ ከፍ ያለ ጉዳት በሚያስከትል መልኩ መፈፀም የለበትም።
- ሐ) የመሬቱ ባለ ይዞታ በፈለገ ጊዜ በራሱ ወጪ የመተላለፊያ ቦቶችና ቧንቧዎች ወይም የኤሌክትሪክ መስመሮች ከመሬቱ ላይ ወደ ሌላ ስፍራ እንዲዛወሩ ወይም እንዲቋቋሙ ማድረግ ይችላል። ዳኞቹም ይህንን ሊያዙለት ይችላሉ።

፳. የመተላለፍ መብት

መንገድ የተዘጋበት ወይም በቂ የሆነ መውጫና መግቢያ መንገድ የሌለው ሰው አስፈላጊው መንገድ እንዲከፈተለት ወይም ሌላ መተላለፊያ መንገድ ባለው ሰው መሬት ውስጥ እንዲወጣለት ፍ/ቤት ትእዛዝ ሊሰጥ ይችላል። ሆኖም ግን የተከፈተለት መንገድ ወይም የሚሰጠው መተላለፊያ መንገድ በባለ ይዞታው ላይ ጉዳት የሚያደርስ ከሆነ ፍ/ቤቱ ትዕዛዝ ለመስጠት የሚችለው መተላለፊያ መንገድ የተሰጠው ሰው ለባለ ይዞታው አስቀድሞ በቂ ካሣ ከከፈለ ነው።

፳፩. በባለ ሀብትነትን መብት አለመጠን ስለመገልገል

- ሀ) ባለ ሀብቱ በመብቱ በሚገለገልበት ጊዜ የጉረቤቱን ጥቅም በሚቀንስ ወይም በሚጎዳ መልኩ መሆን የለበትም። አለመጠን በመብቱ ከተጠቀመ ከዚህ ከማይገባ አድራጎት እንዲቆጠብ ዳኞች ትዕዛዝ ሊሰጡ ይችላሉ።
- ለ) በተለይም ጢስን፣ ጥላሽትን፣ መጥፎሽታ ወይም በጉርብትና አኗኗር ሊታገሉት ከሚችለው በላይ የሆኑትን ቆሻሻዎች ወደ ጉረቤቶቹ እንዲፈሉ ወይም እንዲገቡ ማድረግ የተከለከለ ነው። ይህም ተፈጽሞ ከተገኘ ድርጊቱ እንዲቆም ዳኞች ትዕዛዝ ሊሰጡ ይችላሉ።

19. Disputes Raised Over Installation of Water Pipes and Electric Lines

- 1) The land holder shall against full payment in advance of compensation for the damage there by caused, allow the installation on his land of water, electric lines or similar works to benefit of other persons.
- 2) Waterways, installation of water pipes and electric lines shall be made with a minimum damage.
- 3) The holder of the land may at any time may move waterways, water pipes or electric lines at his own expense and place on some other part of the land; And the judges may order to that effect.

20. Right of Way

Whosoever is denied access to public way by blockage or does not have way sufficient to access his home or land may request the court to order the removal of such blockage or may demand right of way from his neighbor's land. The court however, can give such an order on condition that the person who is given right of ways compensation portioned to the damage, if any, that may be caused thereby to him neighbors.

21. Abuse of Ownership Right

